MINEAPOLIS

# Magaalaa Kee. Sagalee Kee.

SADAASA 5

2013

Filtoonni Minneapolis birraa kana **sadarkaan–sagalee filmaataa kennuu** gargaaramuun bulchaa magaalaa fi miseensota Mana-maree Magaalaa, Boordii Tilmaamsaa fi Gibiraa, Paarkii fi Bashananaa filu. Kunis hanga kaadhimamtoota sad'iittti waajjira tokkoo tokkoo isaatiif sadarkaa dhaan kaa'uu ni dandeessa jechuu dha.

**Waraqaa filmaata kee irraatti akkaataan ati sadarkaa itti laattu akka kanatti:**

**Filmaata kee isa tokkooffaa toora kana keessatti guuti**

**Filmaata kee isa lammaffaa toora kana keessatti guuti**

**Filmaata kee isa sadaffaa toora kana keessatti guuti**

MAYOR

Rank your first, second and third choice candidates in the columns below. One to be elected.

| 1 | 1st Choice<br>Select One | 2 | 2nd Choice, if any<br>Must be DIFFERENT from your 1st choice<br>Select One | 3 | 3rd Choice, if any<br>Must be DIFFERENT from your 1st and 2nd choices<br>Select One |
|---|---|---|---|---|---|
| ○ | THEODORE WIRTH PARK<br>Parks Party | ○ | THEODORE WIRTH PARK<br>Parks Party | ○ | THEODORE WIRTH PARK<br>Parks Party |
| ○ | MINNEHAHA PARK & FALLS<br>Parks United | ○ | MINNEHAHA PARK & FALLS<br>Parks United | ○ | MINNEHAHA PARK & FALLS<br>Parks United |
| ○ | NORTH MISSISSIPPI PARK<br>Parks Party | ○ | NORTH MISSISSIPPI PARK<br>Parks Party | ○ | NORTH MISSISSIPPI PARK<br>Parks Party |
| ○ | CHAIN OF LAKES<br>Parks United | ○ | CHAIN OF LAKES<br>Parks United | ○ | CHAIN OF LAKES<br>Parks United |
| ○ | DOWNTOWN RIVERFRONT<br>Parks Party | ○ | DOWNTOWN RIVERFRONT<br>Parks Party | ○ | DOWNTOWN RIVERFRONT<br>Parks Party |
| ○ | Write-in, if any | ○ | Write-in, if any | ○ | Write-in, if any |

Minneapolis
*City of Lakes*

Caalaatti baruuf, garavote.minneapolismn.gov dhaqii caqasi.

## Guyyaan Filmaataa Minneapolis: Sadaasa 5, 2013

### Sadarkaan–Sagalee filmaataa kennuu jechuun maali?

Sadarkaan-sagalee filmaataa kennuun waajjira bulchiinsaa magaalaa tokko tokkoo isaatiif hanga kaadhimamtoota sadi'iitti tarree galchuun sadarkaa itti kennuu kan si dandeesisuu dha.

### Sagalee koo akkamittan keenna?

Akkaata dhuma filmaata bara kaneen birootti, luulloo ykn marsaa waraqaa filmaataa irraa jiru guutuu dhaan sagalee kee laatta. Garuu bara 2013 itti, wal-dorgommii tokkoo tokkoo isaatiif kaadhimamaa/tuu tokko qofa filuu irra, hanga kaadhimamtoota sadi'iitti sadarkaa itti kennuu dhaan filuu ni dandeessa.

Waraqaan filmaataa tokko mataatti toora sadii qabaata. Waajjira tokkoo tokkoo isaatiif, waraqaa filmaataa kee gara bitaa irraa gara miragaatti guuti, filmaata kee isa duraa toora isa tokkooffaa keessatti guutuu dhaan eegali. Yoo filmaata kan biro sadarkaa lammaaffaa fi sadaffaatti filuu feete, toora lammaffaa fi sadaaffaa keessatti guuti. Dorgommii tokkotti, kadhimamaama /tuu tokko qofa toora tokkoo keessatti guutuu dandeessa.

Waraqaa filmaataa utuu guutaa jirtuu yoo dogongorteef, waraqaa filmaataa haaraya akka siif kennuuf to'ataa filmaatichaa gaafadhu.

### Sagaleewwan akkamitti lakaa'amu?

Galgala gaafa filmaata sanaa, sagaleewwan filannoo-isa dura kadhimamtoota hundaaf kennametu lakaa'ama. Yoo kadhimamaan/tuun moo'uudhaaf sagalee ga'aa argate/tte, ni filama/ti. Fakkeenyaaf, waldorgommii kan bulchaa magaalaa dhaaf, kadhimamtichi/tittiin mo'uu dhaaf sagalee walii galaa keessaa harka walkaa ol argachuu qaba/qabdi.

Yoo kadhimamaan/tuun kam iyyuu mo'uu dhaaf sagalee ga'aa argachuu dhabe/dhabde, heerri ittiin laka'aan kun kadhimamaa/tuu isa/ishee sagalee irra xiqaa argate/tte sana keessaa baasuu eegala, kunnis kan ta'u erga filannoon sadarkaa lammaaffaa fi sadaffaa dhaa ilaalameen booda. Kunis hanga kadhimamaan/tuun tokko sagalee ga'aa argachuun mo'aa/tuu ta'uun isaa/ishee mirkaneefamutti itti fufa.